# Mallattoo COVID-19 manatti baranii of kunuunsuu

Keeziin COVID-19 harki irra guddaan mallattoo lallaafaa armaan gadii qaba: kan akka leydaa, qufaa, hafuura ciccituu, qaamni namatti qabbanaawu, mataa dhukkubbii, humni qaamaa ykn maashaaleen nama dhukkubuu, kokkeen nama dhukkubuu, foolii fi dhandhamuu dadhabuu.

Namoota COVID-19 qaban hundaatu mallattoo kana hunda qaba jechuu miti. Mallattoon biraatis jiraachuu nimala. Yoo mallatoolee Dhukkuba kanaa qabaattan, mana yaalaatti laalamudhaaf Doktoora ykn kilinika keeysan wajji mariyadhaa.

Yoo manatti of yaaluu fii of kunuunsuu barbaaddan waantootni barbaachisoon isin gochuu qabdan muraasni kunooti. Booqonnaa hedduu fudhachuudhaan hojii humna nama hin gaafanne akka kitaaba dubbisuu fi fiilmii ilaaluu irratti xiyyeeffadhaa.

Bishaanii fii dhugaatiilee adda addaa dhuguu heddumeysaa.

Yoo qoonqoon isin dhukkuba ta'e, nyaata lallaafaa kan akka mooqaa/shorbaa ykn marakha fii cuunfaa fayyadama.

Yoo qoricha fudhattan qabaattan yoo ogeessi fayyaa isin dhorke malee fudhachuu ittuma fufaa.

Yoo leydaa qabaatte, qoricha laydaa gadi buusu kan akka acetaminophen qajeelfama isaa irratti hundaa'uun fudhadhu.

Torbee tokko ykn lama keessatti sirraa wayyaawa.

Yoo mallattooleen dhukkuboota kanaa sitti jabaatan, fakkeenyaaf yoo hafuurri sitti cicitte, doktoora kee qunnami.

Yoo utuuma qoricha fudhattuu ho'I leydaan ykn oowwi qaama keetii digrii 100 ol ta'e,

Yookin yoo kaatee nyaachuu, dhuguu fi TV ilaaluu dadhabde

Doktoorrikee yookin kilinikiin yoo hospitaala deemuun si barbaachise si beeksisu.

Miidhaan dhukkuba COVID-19 umrii waliin dabala. Yoo umrii dheeraa taate ykn dhukkuba biraa qabaatte ogeessa fayyaatti haalakee himuun barbaachisaadha. Gorsa si gargaaruu qabaachuu malu.

Yoo imargansiin fayyaa ykn wanni fayyaa keetiif sisodhaachisu simudate, kan akka hafuurri si cituu, lapheen sidhukkubuu, joonja'uun sitti dhagayamuu, halluun ykn kalarri hidhii, irgoo, arrabaa, qeensa jala ykn fuulli khee daalachaawuu ykn cuqulliisawuun argame, 911 bilbiluu qabda. 911 gaafa bilbila siif kaasan COVID-19 na qabe yookin shakkii qabamuu qabaachuukee itti himi.

COVID-19 akka namatti hindabarsineef, manatti of kunuunsuun yoo dandaa'ame baay'ee barbaachisaadha.

Akka itti ofii fi maatii keessan eegdan odeeffannoo dabalataa argachuuf, websaayitii kana laalaa: health.mn.gov.

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975 St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

8/3/20
Managing COVID-19 Symptoms at Home Transcript (Oromo)
*To obtain this information in a different format, call: 651-201-4989*